



# Imala Umraa fi Haajif wantoota guuttamu qaban

Imalli carraa dhukkuboota kanneen akka COVID-19, gifira, infiluweenzaa, fi maninjaaytesii qabamuu babal'isuu danda'a.

**Yoo isin dhukkube hin imalinaa.** Yoo gara Makkaa, Sa'udi Arabiyaa deemuu yaaddan, qajeelfama kanatti fayadamaa.

## Imala dura

- Imaluun duraatti talaallii COVID-19, gifira, infiluweenzaa, fi maninjaytesii fudhachuu keessan mirkanoeffadhaa. Akkasumas, talaalliiin biraan kan isin barbaachisu yoo jiraate ogeessa fayyaa keessan gaafadhaa. Talaallii eessaa akka argattan beekuuf liinkii armaan gadiitti fayaadamaa: [Where to Get Vaccinated \(www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/vaxfinder.html\)](http://Where to Get Vaccinated (www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/vaxfinder.html)) fi [International Travel Health Clinics Serving Minnesota Residents \(www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/travel/yfclinic.html\)](http://International Travel Health Clinics Serving Minnesota Residents (www.health.state.mn.us/people/immunize/basics/travel/yfclinic.html)).
- Ulaagalee fayyaa yeroo ammaa mootummaan Sa'udi Arabiyaa gaafatu beekun barbaachisaadha. Odeeffannoo dabalataaf [Hajj and Umrah Health Requirements | The Embassy of the Kingdom of Saudi Arabia \(www.saudiembassy.net/hajj-and-umrah-health-requirements\)](http://Hajj and Umrah Health Requirements | The Embassy of the Kingdom of Saudi Arabia (www.saudiembassy.net/hajj-and-umrah-health-requirements)) fi [Saudi Arabia: Hajj & Umrah Pilgrimages | CDC Yellow Book 2024 \(wwwnc.cdc.gov/travel/yellowbook/2024/itineraries/saudi-arabia-hajj-and-umrah-pilgrimages\)](http://Saudi Arabia: Hajj & Umrah Pilgrimages | CDC Yellow Book 2024 (wwwnc.cdc.gov/travel/yellowbook/2024/itineraries/saudi-arabia-hajj-and-umrah-pilgrimages)).

Qabaachuu keessan mirkaanefadha:

- ✓ Haguuggii fuulaa qulqullina olaanaa qabu, kan akka gaariitti isiiniti tahu uffachu fi namni garee kessan kessaa hunduu fayyadamuu mirkaanefadha.
- ✓ Odeeffannoo quunnamtii hatattamaa.
- ✓ Sanitaayizarii harkatti qabatanii imaluudhaan fayyadamuu.
- ✓ Yoo tari nu barbaachise qorichoota ajaja ogeessa fayyaatiin kennamuufi qorichoota ajaja ogeessa fayyaa malee bitamuu danda'u qabachuu.
- ✓ Qorannoo ariifataa COVID-19. Meeshaa dhibee COVID manatti laallataniin biiroo [IOHPA irraa ni argattu \(https://IOHPA.org\)](http://IOHPA irraa ni argattu (https://IOHPA.org)) Mini'apolis (3638 Central Ave).

## Yeroo imalaatti

- Infekshiniin sirna hargansuu hajji irratti baay'inaan mul'ata. Gorsa CDC hordofuudhaan yeroo imala kessanii hunda harka dhiqachuu, haguuggii fuulaa uffachu, fi yoo danda'ame yeroo deemsatti fageenya ofii eeggachuun barbaachisaadha.
- Carraa dhibeen qabamuu diqqeessuf, Masjiida fi iddoowan namnii walitti qabamanitti maaskii (haguuggii fuulaa) godhadha. Keesumaa bakka namoonni itti baay'atanitti (alattiis yoo ta'e) haguuggii fuulaa godhachuun ni gorfama.
- Yoo qufaa yokiin malattoo dofofaa qabaatte, dhibee COVID-19 laallammi. Yoo COVID-19 sirraatti muldhate, maaskii (haguuggii fuulaa) godhadhu, hin imalin, yeroo hagamiif akka nama biraan irraa fagaachuu qabdu gorsa waajjira fayyaa naanno keetii hordof.
- Yoo mallattoo dhukkubbii kan akka oowwa qaamaa dabaluu, dhukkubbii mataa, miira hammeenna (nyaata si jibisiisuu), haqqisuu (digdiga) yokiin malattoo biraan kan si yaadchisu yoo ufirraatti argite dafii mana yaalaa hakima kee bira deemi. Yoo si dhukube yaalii argachuuf hin turin.

## Imala booda

- Yoo imalaan booda sidhukkube, mana yaalaa dhaqii akka dhiheenyaa kana gara Sa'udi Arabiyaa deemte deebite ogeessa fayyaati himi. Ogeessi fayyaa dhibee imala waliin walqabatan qorachuun barbaachisaa ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuf si gargaaruu danda'u.

